



## Ajajawwan Eegumsa Balaa Hamaa (ERPO)

**Kan balaa tasaa gabaastu yoo ta'e, maaloo 911 irratti bilbili.**

Ajajawwan Eegumsa Balaa Hamaa (ERPO) warri, miseensoonni maatiifi seera raawwachiftoonni nama rakkina fayyaa sammuu qabu akka qawwee hinbinneefi hinqabaannee akka dhorkamuuf mana murtiitti akka iyyataniif ni aangessa. Tokkoon tokkoo iyyata ERPO abbichi iyyannaan irratti dhiyaate sun amala lolaa ifa ta'ee qabaachu ykn ofii ykn warra kaan miidhuuf kan yaalee ta'u murteessuuf mana murtiitiin qoratama.

Ajajawwan Eegumsa Balaa Hamaa kan Siyaatil qofatti murteefame osoo hintaane biyya guutuutti argama.

### Ajajawwan Eegumsa Balaa Hamaa maal hojachu danda'a?

Ajajawwan Eegumsa Balaa Hamaa namni tokko akka qawweesaa kennuuf qajeelcha. Qawwee bitachuun ykn qabachuun seeraan ala ta'u mala. Namni akka eyyama shuguxii dhoksaan hinqabaannee kan dhorkuufi eyyama kan qaban yoo ta'e ammoo akka galchaniif ajaja.

### Eenyuun kan himatuudha?

Nama ofiisaa ykn ofiishee ykn irraan miidhaa qaqabsiisuun balaa cimaa uumee ykn qawwee qabaachuun gara fuula duraatti warra kaan miidhu. Haalawwan balaa akkasii mul'isan keessaa amala lolaa, of miidhuuf yaalu, rakkoo fayyaa sammuu balaafamaafi qoricha sammuu haddoochaniifi dhugaatii alkoolii garmalee kan fudhatu ta'u danda'u. Namni balaafamaa jedhamee yaadamuus deebii kennaa jedhama.

### Eenyutuu ajaja gaafachu danda'a?

Warri ykn miseensoonni maatii ykn qoondaala seera raawwachisaa ykn ejansiin manni murtii akka ajaja baasuuf iyyannaa galfachuu danda'u. Namni ajaja gaafatu ammoo akka "iyyataatti" ilaalama. Seerri warraafi miseensa maatii kan ibsuu:

- nama dhiigaan, gaa'iilaan, ykn karaa guddifachaatiin deebii kennuu waliin walitti dhufeenya qabu;
- maatii kunuunsaa deebii kennuu/himatamaa;
- nama deebii kennuu waliin daa'ima qabu, namni sun nama deebii kennu waliin kan gaa'iila qabu ta'uuf dhiisuus ykn yeroo kamittiyyu nama deebii kennu waliin kan jiraate yoo ta'e;
- nama deebii kennuu waliin kan jiraatu ykn waggoota darban keessa waliin jiraachaa kan ture;
- hiriyyaa manaa nama deebii keennuu;
- nama deebii kennu waliin walitti dhufeenya dhiigaa ykn warrummaa -daa'imaa seera qabeessa, abbaafi haadha buddeenaafi ijoollee buddeenaa dabalatee akkoofi ijoollee akkoowwanii, ykn;
- nama bakka deebii kennuutti akka bakka bu'aa seeraatti hojjachaa jiruu ykn hojjate.

Walitti dhufeenya barbaachisu kan hinqabne yoo ta'e, ykn mana murtii gaafachuuf kan sitti hintollee yoo ta'e, waa'ee dhimmichaa poolisiitti himuun adeemsa isaa isaan si gargaaru danda'u.

## **Ani Attamiinan ERPO gaafachuu danda'a?**

limeelii [ERPO@kingcounty.gov](mailto:ERPO@kingcounty.gov) karaa kanaan deeggartoonniifi hojjattoonni sa'aatii hojiitti **Wixataa -Jimaataatti**, ejansiwwan seera raawwachiisan sirriitti erguu dabalatee gargaarsa kennuuf ni argamu. (Afaan dubbattaniin iimeelii gochuu dandeessu.)

**ERPO gaafachuu barbaadda yoo ta'e, deeggartoonni karoora nagummaa akka qabaattu si gorsu. Odeeffannoo dabalataatiif dhaabbileewwan mit-mootummaa hawaasa bu'urreffatan kanneen quunnamu yaalaa:**

- [API Chaya: \(877\) 922-4292](tel:(877)922-4292)
- [Asian Counseling and Referral Service: \(206\) 695-7600](tel:(206)695-7600)
- [Consejo: \(206\) 461-4880](tel:(206)461-4880)
- [Refuge Women's Alliance \(ReWA\): \(206\) 721-0243 \(Afaan Oromo\)](tel:(206)721-0243)

Unkaa gadi buufadhuutii guutii (afaan Ingilizii qofaan) ERPO dhaaf [asi](#).

## **Ani ammalleen gaaffiin qaba.**

Waa'ee ERPO irratti gaaffiiwwan yeroo hunda ka'aniif deebii argachuuf, maaloo [Protectionorder.org ERPO FAQ](https://www.protectionorder.org/ERPO-FAQ) (doowwadhaa odeeffannoon afaan Ingiliizii qofaan argama).

Marsariitiin kunis iyyataa, deebii kennitoota, fi hawaasa waliigalaa attamiin akka Ajajawwan Eegumsa Balaa Hamaa tti Waashingtan keessatti akka itti fayyadaman irratti odeeffannoo qaba.

## **Qabeenyaawwan ERPO**

[Washingtonlawhelp.org](https://www.washingtonlawhelp.org) - qajeelfama tajaajilawwan seeraa warra galii gad aanaa qabaniifi [maanguddootaaf](#)